# Qaboo Yaa'ii

## Waldaa Dhuunfaa Hojii Furdisaa Horii Gadaa I/Gaf/Isaa Murtaa'e

Iddoo walgahii:-**Mooraa Aanaa Irreechaa keessaa**
Guyyaa walgahii:-**06/02/2018 A.L.I**
Sa'aatii walgahii:-sa'aatii **3:30 -4:30tti**
**Miseensoota walgahii irratti argaman**

1. Obbo Abeel Hiikoo Dullee
2. Obbo Iyyoob Hiikoo Dullee
3. Obbo Dafaa Dullee Qallaa

Miseensa walgahii irratti hin argamne:-hin jiru

**Ajandaa walgahii har'aa:-Aksiyoona Dabarsuu Haallata.**

Marii

Nuti miseensoonni waldicha gaafa guyyaa **06/02/2018 A.L.Itti** mooraa waajjira Aanaa Irreechaa keessaatti walgahii taasifneen ajandaa dhiyaatee irratti bal'ina fi gadi fageenyaan erga mari'annee booda murtii itti aanee jiru dabarsinee jirra.

Murtii

Akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalameetti **Iyyoob Hiikoo Dullee** jedhamu miseensa waldaa kana waan tureef waldicha keessatti sababa dhuunfaa isaatiin itti fufuu kan hin barbaadnee ta'u isaa fi fedhii isaatiin gadii dhiisee bahuuf iyyannoo waldichaaf galfatee nu beeksiisee jira. nutis miseensoonni waldichaa bu'uura iyyannaa dhiyaateen waldaan keenyaa gaaffii isaa fudhatee akkaataa barreeffamaa hundeeffama waldaa keenyaatiin hirmaannaa ykn qooda Aksiiyoona ilaalchisee baay'ina aksiyoonaa isaa 1 ta'e gatii aksiyoonaa tokko qar.5,000.00 (kuma shan) gatii waliigalaa qar. 5,000.00 (kuma shan) buusee waldaa keessaa qabu gahee aksiyoonaa isaa kana miseensa waldaa kan ta'ef Obbo Abeel Hiikoo Dullee tiif dabarsee gurguree jira.

Haaluma kanaan nuti miseensonni waldichaa Obbo **Iyyoob Hiikoo Dullee** kan jedhamu kun waldicha akka gadi lakkisee bahu kan itti waliigallee fi qabeenyaa waldichaa fi idaa gama mootummaatiin isaa irraa barbaadamu hunda irraas bilisa ta'u isaa qulqulleessinee miseensummaa keessaa fedhii isaatiin gahee aksiyoona isaa gurgurtaan dabarsee gadi lakkisee kan bahe ta'u itti waliigallee sagalee tokkon murteessinee jirra.

Bu'uuruma kanaan hirmaannaan aksiyoonaa akka armaan gadiitti qooddamee jira.

| T.L | Maqaa Hanga Akaakayyutti | Baay'inna Aksiyoonaa | | | Gatii tokko | Gatii Waligala |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Kan duranii | Haarawa | Ida'ama | | |
| 1 | Obbo Abeel Hiikoo Dullee | 1 | 1 | 2 | 10,000 | 10,000 |
| 2 | Obbo Dafaa Dullee Qallaa | 1 | - | 1 | 5,000 | 5,000 |
| | **Ida'ama** | **2** | **1** | **3** | **-** | **15,000.00** |

Walumaagalatti haala armaan oliitti tarra'ee ibsameen ajandaa marii dhiyaatee irratti waliif galuudhaan sagalee guutuudhaan mirkaneessuun wal-gahii keenya asumarraatti xumurree jirra.

Maqaa fi mallattoo miseesootaa waldaawalgahii irratti argaman

1. Obbo Abeel Hiikoo Dullee ________________
2. Obbo Iyyob Hiikoo Dullee ________________
3. Dafaa Dullee Qallaa ________________

CamScanner